Qo'annoo Macaafa Ququlluu kutaa 7ffaa

SEERA KEESSADEEBII

MATA DUREE: Dhooksaan Eebaa Fi mo'ichaa Waaqayyoof aboomamuu ta'uu isaa

SEENSA: Waaqayyo saba israa'eel waantota abboome seera kenneef qaba. Jarris kana yoo eegganis yoo eeguudhaabatanis waanti isaan argachuuf jiran waanti isaan irra ga'u jira. Kunis firdii qajeelaa isa ta'e dha. Yoo aboomaman biyyaa itti darbanii fudhachuuf jiran biyya kakuu kana keessa bara jiraatan hundumaa eebba isaa akka dhaalan yoo aboomamuudhaabatanis biyyaattii kana keessa akka buqqa'an kan akkeekkachiisudha.

BOQONNAA 7:1-26 Dubbifadhu

GAAFFIILEE MAREE

1. Waaqayyo saboota torban sana harka Isra'el keessa yommuu buusu maal akka godhan isaan aboomaman ?

   A/ hunduma isaani akka ajeessan B/ isaan waliin kakuutti akka hin galle
   C/ isaanitti akka hin sodoomne D/ hunduma

2. Waaaqayyoo diinota saba Israaeel maaliif balleessuu barbaadee
   A/ Israa'eeloonni waaqa diiinota isaaniif bor akkk hin waaqessineef
   B/ Israa'eeloonni waaqayyoof saba fo'amoo wan ta'aniif akka itti hin makamneef
   C/ Sabi ormaa kunnis kan balleeffamaniif waaqolii tolfamoo waan waaqqessaniif,
   D/ Hunduu sirrii dha

3. Kutaa kana keessatti kan caqafame amalli Waaqayyoo . A/. gaarii fi Sodaachisaa, B/. Kan kakuu isaa eegu. C/ Amanamaa fi kan jaallatu D/ Hundumaati.

4. Waaqayyo maaliif saba biyya lafaa irra Jiran hundumaa kessaa saba Isra'el filate ?
   A/ sababa lakoofsan bay'ee ta'aniif
   B/ waan isaan jallateef
   C/ kakuu abboota isaanif kakate eeguu waan barbaadeef
   D/ B & C
5. Warra Waaqayyon jalatanii aboommi isaa eeganiif eebba akkamitu ta'a?
   A/ Kan isaan qabanus isaannis ni eebifamu
   B/ isaani keessa kan maseenu hin jiru
   C/ dhukuba hundumara irraa isaan eega
   D/ hunduma
6. Waaaqayyo diinota isaanii tokko tokko suuta suutaan dura isaanitii fixaa ture..
   A/dhugaa B/ Soba

7. Sabni israel maal irra akka of eegan itti himame!
   A/ waaqayyolli biraaf hojechuuraa
   B/ waan qajeela gochuura
   C/ saba warra ormaa waliin walii galuuraa
   D/ A& C

8. Sabni isra'el utuu hin sodaatin diinoota isaani mo'achuuf maal akka godhan akeekachifaman?

A /Waaqayyo inni guddaan fi inni sodataman isaan waalin akka jiru akka beekan
B /meshaa gurgudda akka bitatan
C/ dinqii fi milikita Waaqayyo yeroo biyya gibxiiti isaan baase godhe akka yaddattan malee akka hin sodaanne
D, A& C

9. Boqonna kana keessatti Waaqayyo duratti ciga'ama fi abarama ta'e maalidha ?
A/ warqee fi meetii waaqayoolii tolfamotti ufifame hawuu, fudhachu
B/ Bifa fakeenya waaqayyolii tolfamaa isaani gubuu
C/ iddoo arsaa waaqayyolii tolfamoo diiguu

Gaaffii addaa

Deebiin gaaffii kanaa Iyyaasu boqonna 7 irraa argama.

10. Keessa Deebii 7:26 irratti waan ciiga'amaa waan ta'eef warqee fi metii waaqayyooii isaaniitti uffifame hin hawwin kan jedhu cabsee namnichi hawwee fudhatee abiddaan gubatee dhagaan irra tuulamee maqaan isaa fi bakkii inni itt gubate maal jedhamaa _____, _____